

PEOPLES ALLIANCE FOR FREEDOM AND DEMOCRACY (PAFD)

OFFICE OF PRESIDIUM



Date: March 25, 2016

Ref. No: res01/pafd/2016

Murtii fi Kutannoolee Kora 1^{ffaa} Tumsa Ummatoota Bilisummaa fi Dimokraasii(PAFD)

Tumsi Ummatoota Bilisummaa fi Dimokraasii(PAFD) kora jalqabaa Bitootessa 21 hanga 25 bara 2016 magaalaa Asmaraa Eertiraatti, gaggeeffatee milkiin xumuratee jira. Kori kun haala qabsoo waloo irratti, haala yeroo ammaa Itoophiya keessaa, haala Godinaa Gaanfa Afrikaa fi kan idil addunyaarratti bal'inaan mari'ateera.

Tumsi Ummatoota Bilisummaa fi Dimokraasii, qabsoo ummatoota cunqurfamoo Itoophiyaa bilisa baasuuf gaggeeffamu walaan finiinsuuf tumsa siyaasaa Onkoloolessa 23 bara 2015 magaalaa guddoo Noorweey, Oslootti dhaabolee siyaasaa adda addaa Shan:- Sochii Bilisummaa Ummatoota Benishaangul(**BPLM**), Sochii Bilisummaa Ummatoota Gaambeellaa(**GPLM**), Adda Bilisummaa Biyyoolessaa Ogaadeen(**ONLF**), Adda Bilisummaa Oromoo (**OLF**) fi Adda Bilisummaa Biyyoolessa Sidaamaa(**SNLF**), bakka bu'oota dubartootaa fi dargaggootaan bu'ureef-fame dha.

Tumsi kun sirna cunqursaa murna abbaa irree wayta ammaa aangoorra jiru hundeen buqqisuudhaan umma-toonni akka mirgoota isaanii kabajsiifatanii fi hiree murteeffannaa isaanii guutuutti fiixa baafatan dandeessisuuf jabinaan hojjeta.

Haalli impaayera Itoophiyaa keessaa guyyaa irraa gara guyyaatti hammaataa kan jiru yoo tahu, sirni cunqursaa Itoophiya, mootummaa TPLF/EPRD'n durfamuu lammiilee siviilii dachee isaaniirraa buqqisaa, hiraarsaa, seeraan ala hidhaa fi tahe jedhee ajjeechaa jumlaa irratti raawwatu bal'inaan itti fufee argama.

Humnoonni waraanaa fi tikaa mootummaa naannolee biyyatii hedduu keessatti addatti ammoo naannoo Oromiyaatti lammiilee hiriira nagaan bahanirratti rasaasa dhukaasaa jiru. Mirga siyaasaa waakkatamuun ummatootni waliigala naannolee biyyattii heddutti akka fincilan taasisee waytuma Korri kun gaggeeffamaa jirru kanattuullee diddaatu deema jira.

Mootummaan TPLF/EPRDF diddaa fi qabsoo karaa nagaan gaggeeffamaa jiru ukkaamsuuf akka furmaataatti kan fudhate ummatoota karaa nagaan gaaffii dhiyeessan irratti tarkaanfii suukaneessaa fudhachuu fi bulchiinsa waraanaa jala galchuun hachuucuu dha. Dabalataanis, tooftaaleen yakka hammeenya sirnichi itti fayyadamaa jiru garaagaraatis deebisaa gaaffii ummatootaaf laataa jiru ifatti agarsisu. Daa'immanii fi dubartoota ulfaa dabalatee lammiilee fayyaaleyyii gara-jabinaan ajjeesuu fi humnatti dhimma bahee lafa akaakilee-abaabilee isaaniirraa buqqisuus akka itti fufee jira.

Imaammata gocha seeraan alaa fi yakka namoom-dhaba tarkaanfachiisaa jiruun ummatoota biyyattiirraa mormii jabaan irratti gaggeeffamus, qeeqni jabaan hawaasa addunyaarraa isa mudatus sirnichi, imaammata hammeenya hojiirra oolchuu itti fufuudhaan gargaarsa addunyaarraa argatu akka meeshaa siyaasaatti dhimma bahaatuuma jira.

Imaammata gocha seeraan alaa fi yakka namoom-dhaba tarkaanfachiisaa jiruun ummatoota biyyattiirraa mormii jabaan irratti gaggeeffamus, qeeqni jabaan hawaasa addunyaarraa isa mudatus sirnichi, imaammata hammeen-yaa hojiirra oolchuu itti fufuudhaan gargaarsa addunyaarraa argatu akka meeshaa siyaasaatti dhimma bahaatu-ma jira.

Sirni wayyaanee mirga bilisummaa Pireesii sarbuu, imaammata saamicha lafaa fi saamicha qabeenya uumamaa akkasumas aangoorra of tursuuf sabootaa fi sab-lammoota jidduutti shira xaxee walitti bu'iinsa dhalchuus itti fufe malee hin dhaabne.

Korri 1ffaa Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii, gaabaasa Koreen yeroo konfaransii bu'uraarratti filame dhiyeesse erga dhaggeeffatee booda, dura taa'onni dhaabbilee Shananii fi hirmaattonni korichaa milkaayina, dadhabina, hiree fi dhimmoota adeemsa hojiilee tumsichaa keessatti gufuu uumuu malanirratti marii fi xiinxala bal'aa gaggeessaniiru.

Barruulee bu'uraa haala hegeree sochiilee siyaasaa, dippiloomaasii fi waraanaa ilaalchisuun dhiyaatan irratti mariin gaggeeffamee wal hubannaarra erga gahameen booda, korichi dokmantii hojii kan Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii raggaasee jira.

Korri waliigalaa kun kana malees kallattii hojiilee tumsichaa kan fuula duraa irratti mari'achuun tarsiimoo kan baafate yoo tahu, koree hoji-raawwachiiftuu fi qaamota tumsichaa biroo hundaafis qajeelfama dabarsee jira. Korri waliigalaa kun dura taa'aa, Itti aanoota dura taa'aa Lama, miseensota Koree hoji-raawwachiiftuu fi hogganoota qaamota tumsichaa hojiif dhaabbatan adda addaas akka hojiilee tumsichaa raawwataniif filee jira.

Korri kun haala impaayera Itoophiyaa wayta ammaa, godinaa Gaanfa Afrikaa fi idil addunyaa erga xiinxaleen booda, waamicha qabsoo itti aanu dabarse.

Ummatoonni dhaabolee miseensa Tumsichaa, mirgoota isaanii mootummaa amma aangoorra jiru dabalatee mootummoota Itoophiyaa dhufaa-dabraan sarbamaa jiran gonfachuuf haal-duree tokko malee tokkoomuun diddaa fi qabsoo itti jiran akka finiinsan,

Mootummaan Itoophiyaa lammiilee siviilii harka duwwaa gaaffii mirgaa dhiyeessaa jiran ajjeesuu, seeraan ala hidhuu, qabeenya uumamaa sabootaa fi sab-lammiilee saamuu fi mancaasuu akkasumas miidiyaalee ugguruu daddaffiin akka dhaabu,

Humnoonni waraanaa fi tikaa sirnichaatis lammiilee fayyaaleyyii ajjeesuu akka dhaabanii fi sirna bulchiinsa TPLF/EPRDFtti xumura gochuuf ummata waliin akka hiriiran,

Dhaabbileen siyaasaa Impaayera Itoophiyaa keessa jiran hundumtuu harka walqabachuudhaan tokkummaan sirna abbaa irreerratti akka qabsaawan, kanatti dabalees, gareeleen mormitootaa bilisummaa, walqixummaa, haqaa fi dimokraasii dhugoomsuuf qabsaawaa jiran marti akka tumsichatti makaman Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii waamicha isaa dabarsa.

Hawaasni addunyaa hawwii, fedhii fi mirga sabootaa fi ummatoota Itoophiyaa keessaa hunda akka kabajuu fi haalli ammaan tana biyyattii keessaa gara tohannoon alatti hin tarkaanfatin, sirna abbaa irree deeggaruu akka dhaaban Tumsi Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii waamicha isaa dabarsa. Kana malees tumsi kun, hawaasni addunya kanneen lammiilee siviilii ajjeesuun gaafatamoo tahan fuula seeraatti akka dhihaataniif dhiibbaa barbaachisu akka taasisan gaafata.

Maayirratti, Tumsi Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii gargaarsa ummatoota rakkoof saaxilamaniif kennamu seeraan ala itti fayyadamuu fi ummatootni miidhaan irra gahe hojjatanii akka of hin gargaarreef qoqqobbiin daldala mootummaan irra kaa'amee, akkasumas, gargaarsa namoomaa irratti uggura kaa'ame gadi jabeessee balaaleffata. Kana malees, gargaarsa ummatootaaf kenname dantaa siyaasaa irra oolfachuudhaan lammiileen lafa gabbataa qabeeya akaakilee-abaabilee isaanii taherraa buqqisuu fi invastaroota alaa dhufan jedhamanii fi sirnicha waliin hidhata qabanitti gurguraa jirus jabeessee balaaleffanna.

**Nagaa, Dimokraasii fi Mirga Haqaa Ummatootaa kan Hiree Murteeffannaa!
Tumsa Ummatootaa kan Bilisummaa fi Dimokraasii(PAFD)**

**Bitootessa 15, 2016
Asmaraa, Eertiraa**

Waajjira Pireeziidiyemii